# ani obboleessa worra banii sa'ad bin Bakir kan ta'e Dimaam bin sa'alabaan jedhama

Anas bin maalik irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: osoo nuti nabiyyii waliin masjiida keessa teenyee jirruu -Rabiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namichi wohii gaala irra taa'ee ol seenee, masjiida keessatti eega jilbeenfachiisee booda isa hidhuun, eegasii isin keessaa eenyu Muhammad? jechuun isaan gaafate, nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- isaan gidduutti hirkatanii jiru, nutis namticha adii hirkatee jiru kana jenneen. namtichis: yaa ilma Abdul muxxalib jechuun isaan waame, nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- «dhugumatti siif owwaadheen jira» jedhaniin. namtichis nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedheen: ani gaaffiin si gaafachuuf deema gaaffii sana keessattis immoo sittan jabeessa, keessoo keetti homaa natti hin qabattuu mitii? isaanis « eeyyeen waan barbaadde na gaafadhu» jedhaniin, namtichis ni jedheen: Rabbii keetii fi Rabbii worra siin duraa ta'eenan si gaafadha, Rabbumatu gara ilma namaa hundatti si ergee? isaanis «eeyyeen Rabbiin natti haa ta'u» jedhaniin. ammas namtichi ni jedheen: Rabbiinan si gaafadha, Rabbumatu halkanii fi guyyaa keessatti salaata shan akka salaannu si ajajee? isaanis «eeyyeen Rabbiin natti haa ta'u» jedhaniin. ammas namtichi itti fufuun akkas jedheen: Rabbiinan si gaafadha, woggaa keessatti baatii kana akka soomannu Rabbumatu si ajajee? isaani «eeyyeen Rabbiin natti haa ta'u» jedhaniin. ammas itti fufuun akkas jedheen: Rabbiinan si gaafadha, Rabbumatu qabeenya kana dureessa keenya irraa fuutee rakkataa keenyatti akka qooddu si ajajee? nabiyyiinis -Rabiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- «eeyyeen Rabbiin natti haa ta'u» jedhaniin. namtichis yeruma kana akkas jedheen: waan ati qabattee dhuftetti amaneen jira, ani immoo ergamaa hawaasa koo ana boodaan jiranuuti, ani obboleessa worra banii sa'ad bin Bakir kan ta'e Dimaam bin sa'alabaan jedhama.

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Anas bin maalik -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- sahaabotaa nabiyyii waliin masjiida keessa taa'aa jiruu namtichi wohii gaala irra taa'ee isaanitti ol seenee gaala isaa jilbeenfachiisee eegasii akka isa hidhe dubbata eegasii isin keessaa Muhammad eenyu? jechuun isaan gaafate? nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namoota gidduutti hirkatanii jiru, nutis namticha adii hirkatee jiru kana jenneen, namtichis yaa ilma Abdul muxxalib jedheen, nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- si dhaga'een jiraa, gaafadhu siifan deebisaa jedhaniin. namtichis nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusuu- akkas jedheen: ani sin gaafadha gaaffii keessattis sittin jabeessa, of keessatti homaa natti hin qabatin. akkas jechuun: natti hin dallanin dhiphinnis si

hin mudatin jechuudha, eegasii isaanis waan feete irraa gaafadhu jedhaniin. innis Rabbii keetii fi Rabbii worraa siin duraatiinan si gaafadha, Rabbumatu gara namootaatti si ergee? jedheen isaanis eeyyeen Rabbiin natti haa ta'u jedhaniin, dhugummaa isaanii mirkaneessuuf jecha, namtichis ni jedheen: Rabbiinan si gaafadha, Rabbumatu guyyaa fi halkan keessatti salaata shanan akka salaannu si ajajee? isiin salaatowwan dirqamaati, isaanis ni jedhan: eeyyeen Rabbiin natti haa ta'u, ammas namtichi itti fufuun akkas jedheen: Rabbiinan si gaafadha, Rabbumatu woggaa keessatti baatii kana akka soomannu si ajajee? baatii Ramadaanaa jechuudha, isaanis eeyyeen Rabbiin natti haa ta'u jedhaniin, namtichi ammas itti fufuun akkas jedheen: Rabbumatu sadaqaa kana dureessa keenya irraa fuutee rakkataa keenyaaf qooduu si ajajee? isiin zakaadha, nabiyyiinis -Rabiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- eeyyeen Rabbiin natti haa ta'u jedhaniin, Dimaamis islaamummaa qeebaluun, akka hawaasa isaa gara islaamummaatti waamu nabiyyiitti -Rabiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- himee, eegasii dimaam bin sa'alabaa akka jedhamuu fi worra banii sa'ad bin bakir irraa akka ta'e of beeksise.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/65044